Version 1.0 / 24 December 2020

Qoqqobbii (restrictions) keessummoota Hospitaalaa fi bakka jaarolee (aged care) Tasmania

KEEP ON TOP OF COVID

Dhukubsataa hospitaalatti dubbisuu

Keessummootni hundi osoo hospitaala hin seenin dura qoratamuu (screening) qabu.

Yeroon itti dhukubsataa dubbisan akka hospitaalaatti gara gara waan taheef osoo dubbisuu hin deemin dura sa'aa isaa adda baasadhaa.

Lakoysi namoota dhukubsataa dubbisanii murtaawaa dha. Bakki dhukubsataan ciisuu (ward) fi naannoon takka takka al takkatti keessummaa tokko qofa hayyamuuf.

Odeeffannoo caaluu waa'ee hospitalatti dubbisuu as laali: www.coronavirus.tas.gov.au/hospital-visits

Keessummoota bakka jireenya Jaarolee (aged care residents)

Namoota naannoo dhukubni yaaddessaa hin tahin turan qofatu bakka jireenya jaarolee dubbisuu deemuun hayyamama. Yoo yeroo dhihoo as naannoo dhukkubni kun akka-malee yaaddeessaa (high) fi akkaan yaaddessaa (medium risk) tahe deemtee turte tahe dubbisuu hin dandeessu.

Jiraataa qe'ee Sanaa namootni lama yeroo tokkotti dubbisuu danda'au (imaammata yookaan seera qe'een sun qabu irratti hundaawees) sa'aa hanga barbaachisu achi turuus danda'u.

Guyya guyyaatti irra deddeebi'anii dubbisuun ni hayyamama, kan dubbisuu dhufanis umriidhaan hin daangessaman.

Keessummootni osoo gara qe'ee kanaatti hin seenin dursa lilmee qufaa yookaan kan utaalloo (flu vaccine) fudhatuu fi ilaalamuun isaanii adda baasamu.

Odeeffannoo caalu waa'ee bakka jireenya jaarolee as laali: www.coronavirus.tas.gov.au/agedcare

Yoo wanneen kanaa gadii qabaatte dubbisuuf hin dhufin:

Guyyoota 14 dabran keessa bakka akkaan yaaddeessaa yookaan guyyoota 28 dabran keessa bakka akka-malee yaaddeessaa turte tahe. Sadarkaa balaa kanaa hubatuuf as laali: www.coronavirus.tas.gov.au/comingtotas

Mallattoo kan utaalloo yookaan difkaaka (flu) fakkaatu yookaan ho'i qaamaa kee yookaan layidaa diigirii 37.5 (37.5 degrees) ol yoo tahe

Guyyoota 14 dabran keessa nama dhibeen COVID-19 irratti argame yookaan COVID-19 ni qaba jedhamee shakkame waliin tuxuqqaa qaamaa qabaattee jirta yoo tahe